

Shiga toxin-producing *E. coli* (STEC) infection

E. coli n baakteeriyaa mari'maan namootaa fi bineensotaa keessa jiraatuudha. Gosaawwan *E. coli* (STEC) tokko tokko summiiwwan dhukkuba hamaa fi weerara fiduu danda'a uumuu. **Yeroo hedduu oduu fi miidiyaaleen *E. coli* irratti dhihaatan STEC kan ilaalatanuudha.**


FAACAIINSA "E. COLI" DHOORKUUDHAAF HARKA DHIQADHAA



Otoo nyaata qopheessuu hin jalqabiin dura



Daayiparii eega jijjiirtanii booda



Eega bineensota mana keessaan kunuunsitanii booda




Mana fincaanii eega fayyadamtanii booda

NYAATAAWWAN TARIIBALAA FAALAAMAA "E. COLI" IRRA ISIN BUUSUU DANDA'AN

Nyaataawwan kun baakteeriyaa "*E. coli*" tiin fallamuudhaan kan beekamanuudha. **Nyaataawwan dheedhii ta'an dhiqoo fi sirriitti bilcheessuu fi nyaataawwan balaa fiduu danda'an hunda waliin faalaamuu hambisuudhaaf addaan baasaa.**



Kuduraa fi muduraa hin bilchaanne



Foon dheedhii ykn hin bilchaanne, foon hindaanqoo fi nyaata galaanaa



Aannan hin danfine/oo'ine

Mallattoowwan

Jarmiiwwan *E. coli* erga wal qunnamanii booda guyyaa 1-3 jalqabi. Yoo *E. coli* qaba jettee yaadde, hatattamaan ogeessa fayyaa keetitti himi.



Garaa teessisuu (**yeroo heddu kan dhiiga qabu**)



Hoqisiisuu (yeroo tokko tokko)



Garaa ciniinnaa

***E. coli* (STEC) namoota tokko tokko irratti rakkoo kalee hamaa fiduu danda'a.**

Warreen balaa hamaaf saxilaman kan dabalatu:

- Ga'eessota umuriin isaanii guddaa ta'e (umrii 65+)
- Daa'imman xixiqqoo (umrii 0-5)
- Namoota sirna ittisa qaamaa isaanii hir'ate

YAADACHIISA HOJJATOOTA TOKKO TOKKOO FI WARRAALEEF

Namoonni dhukkuba *E. coli* qaban kan tajaajila nyaataa, kunuunsa fayyaa, oolmaa daa'immanii kessa hojjatan, fi daa'imman mana kunuunsa guyyaa keessatti hirmaatan **osoo gara hojiitti ykn bakka kunuunsa daa'immaniitti hin deebi'ii dura Fayyaa Hawaasaa irraa hayyama argachuu qabu.**